MNDSA

This was translated by: WellShare






This program is funded by HCBS Connectors grant from MN DHS.




## Step 1: Kaawwuntii (naannoo) qunnamii

Sadarkaan jalqabaa waajjira tajaajila human nama (kaawwuntii) naannoo keessanitti bilbilii.. Kutaa tajaajila dhimmoota dhibee qaamaa gaafadhu.

Qorannoo filannoo MN qabu gaaffadhu. Qorannichi tajaajiloota fi sagantaawwan isinif malu ni agarsiisa. Qorannoo filannoo MN gaafachuun mirga qorannoo kana argachuu qabdan mirkaneessitu.

Tajaajiloota hedduu argachuuf MA toora sirrii (Straight MA) irra jirtuu qaba. Yeroo jalqaba naannoo keessan qunnamtan, yeroo qorannoo filaanno MN gaafattan, akkasumas karaa itti fayyadamtanii 'Medical Assistance' irratti galmaan geessan gaafadhaa.

Kunis adeemsa 'Medical Assistance' jedhamu jalqabuudha. Kun adeemsa SMRT jedhamu jalqabuudha. Adeemsi kunis, yoo Social Security irraa akka namni dhibee qaamaa qabu itti hin beekamne ta'e, Mootummaan Minnesota akka namni dhibee qaamaa qabu ta'uun beekkamu ni murteessa.

## Step 2: MNChoices Assessment

MN Qorannoon filannoo meeshaa naannoon(County) itti fayyadamu nama tokko sadarkaa deeggarsa barbaachisu murteessuufidha. Sadarkaan deeggarsa kun sagantaawwan nama sanaaf mijatan maal akka ta'an ni murteessa.

Yommuu naannoo (County) qunnamtanii filannoo qorannoo MN qopheeffamtan booda, qorannoo kanaaf qopha'uun yeroon isaa gaheera. Qorannoo kanaaf qopha'uun baay'ee barbaachisaa dha. Kitaaba galmee ykn meeshaa biraa fayyadamuudhaan yaada keessan walitti qabaa.

Jalqabii deeggarsa hojiiwwan akkanaa irratti barbaachisu ilaaluun: dhiqachuu, uffata uffachuu, of-qopheessuu, nyaachuu, socho'uu fi iddoo irraa ka'uun jijjiiruu. Akkamitti hojiiwwan kana raawwachuuf jecha fooyya'iinsa ykn adeemsa adda itti fayyadamtan yaadi. Yeroo tokko tokko bakki tokko gargaarsa hin barbaachisu jechuu salphaa ta'a; garuu waa'ee waan waliigalaatti fudhatamu fi fooyya'iinsa itti fayyadamuu irrattixiyyeeffadhu.

Nama ga'eessaaf immoo hojiiwwan akkanaa akka: bitachuu, imala (gaaffii geejjibaa), bulchiinsa maallaqaa fi hojiiwwan manaa geggeessuu.

Barbaachisummaa fayyaa sammuu jiraa? Amaloota addaa jiru? Barbaachisummaa sammuu/hafuuraa fi qaama (sensory) jiraa? Rakkoolee nageenyaa jiru?

## Step 3: Services Available

Armaan gadii tajaajiloota tarreeffaman fi ibsa gabaabaa isaanii jiru. Haa ta'u malee, hundaaf tajaajilli walfakkaataa hin mijatu.

**Gargaarsa Maatii:**
Gargaarsi kun maatii daa'imman dhibee qaamaa qaban gargaaruuf maallaqa kennama. Maallaqni kun daa'imman manaa ala tursiisuun akka hin jalqabamne yookaan akka turu dadhabu dursuuf fayyadama; akkasumas, maatii fayyaa fi nageenya hawaasummaa isaanii eeguuf tajaajilaafi deeggarsa maatii irratti xiyyeeffate argachuuf tajaajila kenna.

**Deeggarsa Hawaasaa Murteessaa:**
Sagantaan kun namoota hawaasa keessatti jiraachuu itti fufuu barbaadan garuu seerota ulaagaa sagantaalee namoota tajaajila iddoo eegumsa fayyaa (nursing home) keessatti kennamu barbaadan guutuu hin dandeenyeef qophaa'eedha

**CFSS:**
Sagantaan kun filannoo lama qaba. Isaanis: moodeela dhaabbataa (agency model) fi moodeela baajataa (budget model). Odeeffannoo dabalataa CFSS irratti argachuuf QR code armaan gadi tarreeffame kana scan godhaa

**Waivers:**
Eeyyamoota (waivers) gosa adda addaa jiru kan nama tokko fedhii isaa yookaan qorannoo isaa irratti hundaa'uun isaaf mijatu. Eeyyamoonni (waivers) filannoo lama qabu: Tajaajila Eeyyama Hawaasummaa Duraa (Traditional Waivered Services) yookaan Deeggarsa Hawaasaa Filannoo Maamilaatiin Too'atamu (CDCS – Consumer Directed Community Supports). Odeeffannoo dabalataa waivers irratti argachuuf QR code armaan gadi tarreeffame kana scan godhaa